

Oromo

Tajaajiloota Sagantaa Baruumsa Afaan Ingiliizii (EL) jechuun maali jechuu dha.



Galmi tajaajila sagantaa barumsaa afaan Ingiliizii (EL) barattoota guddinna afaan barnootaa barbaadaniif fi milkaa'inna fayidaa afaan Ingiliizii jireenya fi waliqunnamtii hawaasumaa fi hojiif isaan gargaaran akka guddifatan taasisuuf. Barsiisaan EL eebbifameef fi eeyyamameef baruumsa guddina afaaniif gargaarutti dhimma bahuun barataa waliin guyyoota barumsaa ni hojjata.

Afaan Baruumsa

Earsiisaan afaan Ingiliizii (EL) ariitiidhaan barataan afaan Ingiliizii akka barataniif fi guddinna afaan baruumsa Herreegaa, Saayinsii, Aartii Afaan Ingiliiziibaruumsa Hawaasaatiif barataa waliin ni hojjata.



Hawaasummaa fi Afaan Baruumsa

Barsiisaan afaan Ingiliizii (EL) ariitiidhaan barataan afaan Ingiliizii akka barataniif, guddina afaaniitii fi afaan Ingiliizaa jireenya hawaasumaatiif fi baruumsaaf akka isa fayyadu barataa ni gargaara.



Uwwisa Koorsichaa

IBarattoota calqaba koorsii baruumsa afaan Ingiliizii M/baruumsa sad j/galeessaa fo sad oli'aanaa keessatti baratan baruumsa sadarkaa koorisii dandeettii afaanii walfakkaatu kan barsiisota EL kennan ni baratu.



Daree waliin barachuu

ABaruumsa guddinna afaanii sadarkaa isaa eegatte barsiisaan EL fi barsiisaan daree yookiin barsiisaan gosa baruumsa waliin ta'uun baruumsa ni kennu. Barsiisonni hundinuu bu'uura beekumsa isaanii yookiin baruumsa barsiisani ka'uumsa kan godhateerra dhaabbatanii barataa isaanii ni qajeelchu.



Baruumsa Garee Muraasaa

EBarsiisonni ELbaruumsa fedhii barattootaa, guddinna afaaniif gargaaruu fi garee xixiqqaa bu'uura godhaterratti xiyyeeffachuun ni barsiisuu.




Wantoota Wali-waliin barachuun
M/barnootaa Sad.1ffaa, J/galeessaa fi Sad.
Oli'aanatti uumaman.

Fooya'iinsa Dandeettii Afaanii

Barsiisonni ELgama dandeettii Dhaggeeffachuu, Dubbachuu, Dubbisuu fi Bareessuutii dhimma bahuun guddinna afaani barattootaa akka guddatu ni hojjatu.

Shaakallii Gaarii

Barsiisonni EL, daree fi gosa barmuusaa barsiisan baruumsa addaa guddinna afaanii barataa guddisuu fi saffisiisuu danda'an uumuun barataan gosa baruumsa baratan keessatti akka afaan isaa guddatu ni hojjatu.



Tajaajiloota barataa keetiif kennamurratti gaaffii yoo qabaatte, barsiisaa Afaan Ingiliffaa (EL) barataa keetii qunnam.



Haala Kamiin Mucaan Kiyya Tajaajila Sagantaa Afaan Ingiliizii (EL) addabaafate?

Barattoonni M/barnootaa naannoo Osseotti tajaajila sagantaa afaan Ingiliiziitiif (EL) barachuuf dhihaatan galmeen ulaagaa fi qajeelfama naannoo fi fedaraalli baase bu'uura godhachuun kan raawwatamu ta'a.

1

Jiddugala Galmees

Barattoonni haara'a M/barnootaa naannoo Osseotti M/barnootaa akka galmees raawwatan filatamanitti ta'a.

Minisootaatti Madaallii Afaanii

Barattoonni M/barnootaa Osseo hundi madaallii afaanii Minisootaa kana xumuruu qabu. Foormii kuni Mucaan afaan kami akka dubbatu ibsa. Afaan Ingiliiziitiin ala afaan biroo ni dubata taanaan, barataan tajaajila sagantaa barnoota ingiliizii (EL) argachuuf gahuumsa ni qaba.


Student Information		Minnesota Language Survey
1. My student speaks...	... English only	...
2. My student speaks...	... English and another language	...
3. My student speaks...	... another language	...
4. My student speaks...	... English and another language	...
5. My student speaks...	... another language	...

2

Xalayaa Yaadannoo Maatii

Yoo barataa qabxii gahaa qormaata galmeesise, distiriiktiin xalayaa mucaan kee tajaajila sagantaa (EL)tiif galmaahuu isaa ibsu karaa poostaatiin siif erga.


4



Qormaata Gahuumsa Afaanii

Yoo maatiin madaallii afaanii Minisootaarratti mucaan isaanii afaan biroo akka dubbatu ibsanii jiraatan, ogeessi galmees qormaata iskaanarii gahuumsa afaaniitiif ni galmeessa. Bu'aan qormaata barataa, yoo akka barataan guddina afaaniitiif deegarsa ni barbaada akka ta'e agarsiise, barataan sagantaa tajaajila guddina afaaniitiif ni galmaaha.

3



5

Tajaajiloota Sagantaa EL Calqabuu

LBarsiisonni (EL) eebifamanii fi gahuumsa qaban baruumsa guddina afaaniitiif gargaaran gama qajeelchaa barsiisuun, garee xiqqaan yookiinm Uwwisa baruumsa birootiin baruumsa guddinna afaanii ni kennu.

6

Qormaata ACCESS

Wagaa hundaa barattoonni baatii Guraandhalaa fi Bitootessa barattoonni sagantaa tajaajila (EL)tiif galmaahan hundi qormaata ni fudhatu. Qormaatiin sadarkaa dandeettii Dubbbisuu, Bareessuu, Dhageeffachuu fi Dubbbisuu ni madaala.



Tajaajila Itii-fufuu

Yoo bu'aan ragaa qormaata barataa ACCESS akka barataan guddinna afaan Ingiliiziitiif deegarsi dabalataan akka isa barbaachisu ni akeeka taanaan, barataan tajaajila sagantaa guddina afaan EL hanga fooya'iinsi afaan isaa argamutti itti fufiinsaan kan argatu ta'a. Qajeelfamnii fi danbiin qabxii qormaata ACCESS Minisootaa fi federaalaa tajaajila baruumsa afaan Ingiliizii xumuruu yookiin itti fufiinsaan fudhachuu barataa kan murteessu ta'a.

7

Tajaajiloota barataa keetiif kennamurratti gaaffii yoo qabaatte, barsiisaa Afaan Ingiliffaa (EL) barataa keetii qunnam.

Oromo




Mucaan Kiyya Yeroo Hundaa Tajaajila Sagantaa Afaan Ingiliizii (EL) Ni Argataa?

Kaayyoon baruumsa afaan Ingiliizii, tajaajila baruumsa afaan Ingiliizii dhaqabsiisuu dha. M/baruumsaa naannoo Osseo qajeelfama naannoo fi federaalaa hordofuun gosa baruumsaa hundaan barataan gahuumsa afaanii deegarsa baruumsa afaanii dabalataa malee akka horate beekuudha. Gahuumsa kanarra barataan ni gahe taanaan, barataan tajaajila sagantaa baruumsa afaan Ingiliizii (EL) fudhachuu ni dhaaba.

Ulaagaa Xumuruu

Barataan tokko sagantaa baruumsa afaan Ingiliizii (EL) "kan dhaabuu" yeroo qormaata ACCESS qabxii gaarii barbaadamuun xumure qofa ta'a. Qabxiin ol'aanaa galmahe kan mul'isu gahuumsa ol'aanaa dandeetii dubbisuu, bareessuu, dhubbachuu fi dhaggeeffatuu barataan qabaachuu yoo agarsiisee fi guddina afaanichaa deegarsa dabalataa baruumsa afaanii biroo malee baruumsa isaa haala gaariin barachuun milkaahuu ni danda'a jechuu dha. Giraafiin karaa gara mirgaarratti argamu qabxii saganticha (EL) ittiin xumuramu agarsiisa. Qabxiin waliigalaa ida'ama dandeettiinwan afaanii (dubbisuu, bareessuu, dubbachuu fi dhageeffachuu) ti. Haata'u garuu ulfaatinsi qabxii guddaan dandeetii dubbisuu fi bareessuuf kennama. Ida'amni qabxii dandheettiinwan afaanii: 35% Dubbisuu, 35% Barreessuu, 15% Dubbachuu, 15% Dhaggeeffachuu.

ACCESS Test Scores Qualification for EL Exit



Qormaata ACCESS

Qormaanni ACCESS waggaa hundaa baatii Gurraandhalaa fi Bitootessa ni kennama. Baratoonni sagantaa baruumsa afaan Ingiliizii (EL) tiif galmaahan qormaata ni fudhatu. Qormaata gahuumsa dandheettiinwan afaanii Dubbisuu, Barreessuu, Dhageeffachuu fi Dubbachuu madaala.




Gulantaalee ACCESS

Gulantaan qormaata qabxii gahuumsa ACCESS qabxiillee jahan WIDA barataa gahuumsa afaan Ingiliizii madaala. Barataan ida'ama qabxii gulantaa 4.5 fi isaa olii dandheettiinwan afaanii 3 fi isaa oli olitti ibsaman 3.5, fi isaa oli ni galmeesisa taanaan barataan saganticha xumuree ni eekbifama.



Ulaagaa Ittiin Xumuramu

Dhuma baruumsa wagaa irratti maatiin hundinuu xalayaa mucaan isaanii tajaajila sagantaa guddina afaan Ingiliizii (EL) qabxii gaariin xumuruu isaa ibsu ni ergamaaf.



Barattoota Qajeelchuu:

Distiriiktiin Minisootaa ulaagaalee fi seerota madaallii barattoota sagantaa afaan Ingiliizii baratan madaaluuf baase bu'uurfachuun gahuumsa dandheettii afaani barattootaa erga barattoonni saganticha xumuranii bahaniin booda hanga waggaa 2tti hordofuunni gahuumsa afaan Ingiliizii (EL) barattootaa ni too'ata. M/barnootaa naannoo Osseotti ogeessi galmees barsiisota daree fi gosoota baruumsaa waliin ta'uun gahuumsa dandheettii afaan barattootaa deegarsa baruumsa afaanii dabalataan isaan barbaachisa ta'uu beekuuf madaallii ni taasisu. Haalli ittiin barataan beekamtii fi murtii maatiitiin sagantaa baruumsa afaan Ingiliffaa EL deebi'uun ittiin argachuu malus ni jiraata.

Tajaajiloota barataa keetiif kennamurratti gaaffii yoo qabaatte, barsiisaa Afaan Ingiliffaa (EL) barataa keetii qunnam.